QULQULLUUMMAA (SANTIFICATIION)

- *Waan macaafni qulqulluun jedhumoo waan namoonni Barteedhaan dubbatan amanuu filatta. Sun filannoo keeti garuu jireenyakee murteessa waan ta'eef of eegannoo cimaa gochuu hin dagatani*
- *Sobni yeroo irraa deddeebi'amu dhugaa Fakkachuunsaa hin oolu waan ta'eef jechama tokko irraa deddeebi'amuu isaaf jettee fudhachuurra gad teessee itti yaaduun fayidaan isaa sumaafi.*
- *Kristoos inni si keessaa jiru hin mullanne (not manifested) jechuun inni eenyummaa kee isa dhugaa miti jechuu miti. Adeemsa keessa mullata jechuudha malee.*

Kuma Tadesse

Fulbaana 2013

Barruun kun akkuma jirutti Kitaaba *Watchman Nee* "*The Glory of his life*" jedhurraa fudhatamee akkuma jirutti Afaan Oromootti kan hiikameedha.

> Barreeffama gabaabaa kana ija qalbii qabuun yoo dubbiste tarkaanfii tokko gara fuulduraatti akka tarkanfattu nan amana.

Kitaabotaa *Watchman Nee* kanneen jireenya namaa geddarani fi barreeffamoota hafuuraa Eenyuumma keenya isa dhugaa irratti bu'uureffatan argachuuf akkasumas yaada qabdan kamiifuu teessoo armaan gadii kana fayyadamuu dandeessu.

E-mail : kumaftadu66@gmail.com

Phone no : +251-924-946-426

QULQULLUUMMAA
(SANTIFICATIION)

Kristoos qulqullummaa keenya nuuf ta'e
(1Qor 1:30)

Amma gad fageenyan gara qabxii qo'annaa keenyatti dhufneerra. Qajeelummaan keenya fuula Waaqayyootti hojiidhanii miti yeroo jennuu biyyaa lafaarra hamma jirannutti amala keenyas ta'ee hojii keenya of eeggannoo hin baarabaachisu jechuu miti.

Dhugumatti rakkoon koo qajeelummaa fuula Waaqayyoo duratti furmaata argateera. Akkaatan jireenya koo fi amallikoo hoo? Kunoo amma ani fi ati wanti dirqama hubachuu qabnu Waaqayyo Kristoosin qajeelummaa keenya duwwaa osoo hin taane qulqullummaa keenyas nuuf godheera. Qulqullummaan kun wanta ykn haala miti namadha (person) — Kristoos.

Tokko

Kristiyaanonni tokko tokko waa'ee qulqullumma yaada sammuu kessaatti hafu ..... Yaada isaanitti Kristoos nu gargaaruudhaan qulqullummaan jireenya qullaa'aa akka jiraannu; jalqaba qulqulloota hin turre amma karaa gargaarsa Kristoos nuuf kennuun nu qulqulloofna. Haa ta'u malee (1Qoronxoos 1:30) irratti Waaqayyo Kristoosin qulqulluummaa keenya akka nuuf godhe macaafni nutti hima. Qulquulluu ta'uudhaaf gargaarsa Kristoosin miti kan nu barbaachisu. Jabina mataa keenya irratti hirkachuus miti. Kristoos ofiisaa qulqullummaa keenyadha. Qulqullummaan keenyaa gargaarsa Kristoosin osoo hin taane eenyummaa (*person*) Kristoosi.

Kristiyaanonni tokko tokko akka qulqulloofnuuf Kristoos nu gargaara jedhanii yaadu. Kanaaf garagaarsa Waaqayyoon kadhatu. Gargaarsa fudhachuudhan akka waan qulqulluu ta'uu dandaa'anitti lakkaa'u. Haa ta' u malee sagaleen Waaayyoo qulqulluu ta'uun akkasumas jabina Kristoos nuuf kennuun qulqullaa'un akka dandaa'amu tasumaa hin dubbatu.

Waaqayyoo Kristoosin qulqullummaa keenya akka nuuf godhe macaafni qulqulluun ifaan ifaatti nutti hima. Qulqullummaan keenya kennaadha; qulqullummaan keenya namadha; qulqullummaan keenya bu'aa jabinaa Waaqayyoo nuuf kennuu miti. Ija hafuuraan yoo ilaalle malee garagaarummaa bal'aa haalota kanneen gidduu jiru arguu hin dandeenyu. Kun wanta sammuun keenya baachuu hin dandeenyedha.

Mullata (*revelation*) hin qabnu yoo ta'e sammuun keenya hamma ta'e hubatuyyuu faayidaan isaa waanuma xiqqoo wayii ta'a. Qulqullummaan keenya gargaarsa Kristoos nuuf kennuun yookan immoo Kristoos dhufee nu gargaaruun osoo hin taane Waaqayyoo Kristoosin qulqullummaa keenya akka nuuf godhe Waaqayyoo akka nuuf ibsuuf isa kadhachuu qabna.

Lama

Qulqullummaa isa akkasii wajjin wal qabatee amantoonni baayyeen kallattii lamaan ilaalu. Inni tokkoo humna qulqulluummaa yoo ta' u inni lamaaffaan firii/ija qulqulluummaati.

Wanti isaan jedhan namni tokkoo firii/ija qululluummaa qabaachuuf humna qulullummaa

qabaachuu qaba jedhu. Akka yaad rimee kanaatti Kristoos gama kam irra jira? Gama humnaa moo gama firii jira?

Karaan (1Qoronxoos 1:30) yaad rime namaa wajjin guutummatti wal faalleessa. Kutaan kun kan nu barsiisu Kristoos humna qulqullummaa keenyaa osoo hin taane ofiisaaf qulqullummaa keenya akka ta'eedha. Akka ija qulquluummaa godhannuuf inni humna nuuf hi kennine. Miti, salphaadhumatti Kristoosin erga qabaannee qulqullummaa qabna jechuudha.

Qulqullummaa akka wayiitti (*thing*) yoo ilaalle sagaleen Waaqayyoo Kristoosinis akka wayi (*thing*) ta'etti nutti hima jechuudha. Wanti keenya nama jiraatadha, qulqullummaan keenya nama jiraatadha. Kanaaf qulqulluummaan keenya Kristoosidha, Kristoosin qabna waan ta'eef.

Mee amma kana ibsuudhaaf akka fakkeenyaatti gad of deebisuu haa fayyadamnu. Ani baay'een of jaja haa jennu. Oftulummaa koo irratti utuun hin dammaqin gad of deebisuu hin danada'u. Kanaaf Waaqayyoon yeroon gaafadhu "Yaa Waaqayyo gooftaa araara natti agarsiisi; gad of deebisuu akkan danda'utti haa na gargaaruuf gooftaa Yesusi naa ergi."

Agarteetta asitti Kristoosin gama gad of deebisuutin akka gargaarsaatti fudhadheera. Akkan garaa kootti yaade garagaarsa Kristoosin gad of deebisaa ta'uu nan danda'a. Kun ilaalcha kooti malee fayyisuu Waaqayyoo miti. Waaqayyoo nama gad of deebisu akkan ta'uuf akka na gargaruf Kristoosin naaf hin ergine.

Kristoosin ***gaddebi'umma*** (*humble*) koo godhee naaf kenne. Ija gad of deebisuu akka naqannutti Kristoosin ***humna gaddebi'umma*** godhee nuuf kenne osoo hin taane Kristoosin ***gaddebi'umma*** keenya godhee nuuf kenne.

Gooftaan humna qabaa? Humna akka qabu hundi keenya ni beekna. Humna nuuf kenneraa? Eeyyee humna nuuf kenneera. Maalif dadhaboo fi kufoo taaneree? Gooftan humna isaa hundayyuu yoo nuuf kenne akkamitti akka itti fayyadamnu hin beeknu. Humni isaa dhugaadha, ta'ullee akkamitti akka hojiirra oolu hin beeknu. Ofii keenya gad of deebisuudhaaf akka humna nuuf kennu ni jaallanna; garuu sanaanis akka gad of deebisuu hin dandeenye ni agarra. Hojiin nuti itti milkaa'u barbaanuu amala alaan mullatu — ***gaddebi'umma***. Wanti gad of deebisuu

jedhamu immoo nu keessa hin jiru. Sagaleen Waaqayyoo humna Kristoos osoo hin taane Kristoos akka gad of deebisuu keenya ta'e nutti hima. Gooftan ofiisaa gaddebi'umma keenyadha jechuun maal jechuudha? Ani ofii koof gad of deebisuu hin qabu, yoo humna naaf kenne illee of gad deebisuu hin danda'u. "Gooftaa ati gaddebi'umma kooti, gaddebi'umma koo akka naaf taatu siifan eeyyama" jechuu duwwaan danda'a. Kallattii kanaan gara gooftaa yoo ilaalte nama gad of deebisaa ta'uu jalqabda, battalumaatti gad of deebisuum umama kee akka ta'e agarta. Gaddebi'umma kee hojii osoo hin taane namadha— Kristoos.

Haaluma walfaakkatun obsi keenyas Kristoosi. Ani obsa hin qabu, obsuus hin danda'u Kristoos ofiisaa obsa kooti. Garraamummaanillee akkuma kanadha. Akkamitti akka garraamii ta'an hin beeku. Kristoostu garraamummaa kooti. Waaqayyoo Kristoosin obsaafi garraamummaa koo akka naaf godhe agartaa? Amaloonni keenya hundi isaani Kristoosidha. Amaloonni Kristoos amaloota beekamoo irraa baay'ee addadha.....

Sadi

Kristoos inni keessa keenyaa akka jireenya keenyatti kallattii nu barbaachisu hunduman waan nurra barabaachisu raawwata. Jireenyi waan tokko, garuu gaffiiwwan alaa nu gaafatamnuu hundumaa ni raawwata. Yeroo oftulummaan jiraatu, Kristoos gad of deebisummaadha; sa'aatii sanatti yoo gad lakkifame. Yeroo aarin jiraatu Kristoos obsadha yoo kallattidhaan gad lakkifame. Iddoo hinaaffaan jiraatutti Kristoos jaalaladha. Kanarraa jireenyi amala baayyee fida. Guyyuma guyyaan halonni kun hunduu nu muudatu; haloota kanneen hunda keessatti akka maloota baay'eetti Kristoos ofiisaa mullisa. Kanaafuu amaloonni kristiyaanotaa hojii isaanii osoo hin taane callaqisuu fi mullachuu Kristoosi. Kanadha Kristoos qulqullumaa keenya kan jennu. Sababa kanaaf akka kristiyaanatti jireenyi keenya hundi hamma Kristoosin beeknu irratti hundaa'a.

Dhimmi isaa dhimma obsaa, gad of deebisaa, garraamii ta'uufi ta'uu dhiisuu koo miti ; walumaa galatti dhimma Kristoosi malee. Hammuman isa beeku amaloonni Kristoos kan kiristiyaanaa ta'a. Yeroo kana salphumatti amaloonni keenya Kristoos nu keessaa gad dhiifamuu isaa ta'a. obsi Kumaa

Kristoosi dha. Garraamumaan Yoobsan Kristoosidha. Gad of deebisuun Leensaa Kristoosidha. Jaalalli Ayyaantuu Kristoosi. Amaloonni garaa garaa kunneen hundi isaani Kristoosi. Namoonni garaagara dha, mullachuun amaloota kannenis garaagara; maddi garuu Kristoosi.

Haleeluyyaa amaloonni keenya hundi Kristoosi. Wanti nu kessaa dhufu kamiyyuu Kristoosi. Jaalalli Maandafrot keessaa burqu, garraamumma Saamu'el kessaa dhangala'u, gad of deebisuun Libaanos irraa mullatu Kristoosi.

Wantoonni naanootti barbaadaman garaa gara, Kristoos inni keessa tokkodha. Inni alaan mullatu garaa gara inii keessa garuu tokkumadha. Amaloonni kristiyaanni tooko calaqqisiisu hunduu kan isaa osoo hin aane kan Kristoosi. Amallonni kunneen Kristoos keessa keenyaa jiraachuu calaqqisiisa. Ani ati altokkoo kan hubanna gara gooftatti garagallee akkana jenna " kanaan dura kristiyaana ta'uuf ofii koo irratti hirkadheen ture, ani dogoggoreera, amma sin galateeffadha, kanaan booda akka Qulqullummaakoo taate bareera, na keessaa akka jiraattu siifan eeyyama"

----------The end----------

Ati sanyii Kristoosi eenyummankee qulqlulluudha!!!